**DOI: [https://doi.org/10.20372/jdq.v4i1.1860](https://doi.org/10.20372/jdq.v4i1.1860)**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1): 41-61**
**Fuula Manaa: [https://journals.wgu.edu.et](https://journals.wgu.edu.et)**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Duudhaa Gugsii Fardaa: Goodina Horroo Guduruu Wallaggaa Xiyyeeffachuun

Galataa Waaqjiraa[1*], Daawit Shifarraa[2*], Taakkalaa Taarikuu[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Qorannoon kun xiinxala duudhaa gugsii fardaa Oromoo Horroo Guduruurratti kan gaggeffamedha. Kaayyoon isaa, qaawwa gugsii fardaarratti uumamefi hambaa beekumsa xabboo qoratee barsiisuufi haftee taasisuudha. Malli qorannoo kanaa mala akkamtahaa, gosa qorannoo ibsaati. Malli kun filatameef raawwii dhimmi qoratamufi qorataa kallattin walquunnamsiisa waan ta'eef. Iddattoon filataman aanaa sadiirraa maree garee xiyyeefatamaa yeroo sadii miseensa jaha, afgaaffii alcaaseffamaa gamisaaf nama lama lama, waliigala (24)tu fudhatame, isaanis namoota gugsii fardaa beekan tooftaa iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaan filatamani. Daawwannaan dirree yeroo lama gaggeeffameera. Ragaan mala qulqulleeffataan argames ijoo ijootti qoqqooduun, ibsuu, addeessuufi hiikuutiin xiinxalameera. Yaadiddamni qorannichi ittiin ilaalame, yaaxxina Aadaa hawwaasaati. Argannoon ijoon adda ba'e, gugsii fardaa qorachuun Oromoon duudhaaf jaalala addaan, fardaan lolee daangaa biyyaa eeggachaa turu, farda gugsii dirree adda adaatti wal leenjisaa, qaama jabeeffachaa, bashannanaa, hawwaasummaafi siyaasa dinagdeesaa wal barsiisuun milkaa'ina gonfachaa turu bira gahameera. Oromoon nama gugsiin beekamu. Maqaa, abbaa, daalee, abbaa daamaa, abbaa makoo, abbaa bulloo, abbaa magaal, jedhee wal moggaasaa akka turefi kabaja waliif qabachuu hubatameera. Argannoo kanarraa ka'uun, gugsiin fardaa jiruufi jireenyaa hawaasichaa waliin seenaafi hidhata jabaa akka qabu dhiirri umurii waggaa saddeetii kaasee leenjii gugsii shaakaluufi dorgommee adda addaaf of qopheessuun dirqama ta'uu qorannoon biragahameera. Duudhaan kun kunuun famuufi waajirri Aadafi Turiizimii, qorattoonni, duudhaa, aartiifi ispoortii aadaa hawaasa xiyyeeffannoon itti kennamee dhalootaf haftee osoo taasisanii bu'aan isaa olaanaadha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 14-11-2025
Revised: 22-03-2026
Accepted: 13-05-2026

***Jechoota Ijoo:*** *beekumsa xabboo, ilaalcha, dandeettii, oguma, gugsii fardaa*

**Qorataa Muummee: Galataa Waaqjiraa*

*E-mail: galowak12@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Seenduubeen qorannoo kanaa xinxaaxala duudhaa aadaa gugsii fardaa Oromoo Horroo Guduruurratti, kan xiyyeeffatedha. Buu'uruma kanaan dacheen Oromiyaa uumamaan jireenya namaafis ta'e horsiisa beeyiladotaaf mijaawaa ta'unsaa hundaafuu ifaadha. Uumama lubbuu qaban keessaa immoo beeyladoonni dhala namaa waliin hidhata jabaa qabu. Beeyiladoota Oromoon horsiisu hedduu keessaa fardi adda dureen ilaalama. Yaada kana ilaalchisuun Pankhrust, (1989) kan ibse gara afaan Oromootti yoo hiikamu *"Biyyi Oromoon irra qubate Lola fardaaf kan namatti toludha. Biyyi kun farda malee, kan loon horsiisuuf baay'ee tolaa ta'edha"* jedha.

Bu'uuruma kanaan dhimmaa fardaarratti qorannoon adda addaa hedduun bakka garaa garaafi afaanota adda addaan mataduree kanaan walitti dhiyaatan yoo geggefamaniyyuu, duudhaan dandeettiifi raawwii oguma gugsii fardaa bakka qorannoo ammaa kanaatti bal'inaan waan hin adeemsifamneef kabaja duudhaafi seenaa guugsii fardaa gaheeefi gootummaa gootota Oromoo Horroorratti qorannoo adeemsiisuun murteessaa ta'ee argamuusaati. Kunis aadaa kabajaafi kunuunsa Oromoon ganama fardaaf qabu haala gaariin dhalootaa dhalootatti darbuu dhabuutu hubatama. Irra jireessi kaayyoo qorattotaa duraanii ammayyummaa seenaa fardaafi Oromoon durii fardaan lolee akka daangaa eegaa ture, lola xaaliyaanii fardaan akka injifate qofa faarsuu malee, dhiibbaan yeroo ammaa fardeen irra gahaa jiruufi horsiifni fardaa akka biyya keessaa raawwatee badaa jiru qorattoonni hubannoo waan qaban hinfakkaatu.

Oromoon duruma farda gugsiin leenjisee lolaaf, bashannanaaf, dorgommii hiriyyaaf, fuudhaaf heerumaaf, awwaalchaaf, daandii dheeraa dhimmoota ariifachiisaa adda addaaf itti gargaaramaa ture. Kunis sabni kun duudhaa jalala yaabbii fardaa akka qabufi horsiisa fardaarratti cichaa turuu hubachiisa. Duudhaan gugsii fardaa akkuma Oromiyaa bal'oo keessaa jiru, Horroo Guduruuttis beekamaa ta'uu ragaaleen adda addaa ni kaa'u. Ilaalchi hawaasichi fardaaf qabu kan beeylada hundaa ni caala. Keessumaa kormaa fardaaf jaalala, kabaja, maararsiifannaafi safuu ol-aanaa qaba. Abbaan fardaafi fardi hawwaasa naannoo biratti kabaja jabaa akka qabu seenaan ni mirkaneessa. Duudhaan gugsii fardaa aadaa, hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa ijaaruu keesatti gahee guddaa qabachutu himama.

Oromoon akkaatuma saboota ardii adda addaarra jiraatan kamiiyyuu, afaan, aadaa, duudhaa seenaa, ispoortii aadaa, raawwii sirnaa, safuu, mararfannaa, seera bulmaataafi

dachee bal'aa qaba. Aadaan hundaa olitti calaqqee/ibsituu jiruuf jireenya saba tokko ta'uu ragaaleen adda addaa ni mirkaneessu.

Buu'uuruma yaada armaan olii kanaan, fooklooriin dhimmoota duudhaa hawwaasaa kanarratti waan hedduu kaa'a. Isaan keessaa hayyuun Riichaard Dorsen (1972) fokloore bakka afuritti qoodee jira. "Afoola, meeshaa aadaa, duudhaafi aartii sochiiti" jechuun ibsa. Foolk-artiin dame fookloorii ta'ee beekumsa hawaasaa kan gochaan darban ofkeessaatti hammata. Isaanis dhaamsa darbu tokkorratti fuulaan, harkaan sagalee gadbuusuufu ol kaasuun kan dubbii caala gochaan mul'atudha. Sochiin qaamaa (Performing Folk Art) waliin walqabatee gaddaafi gammachuu, bali'naafi dhiphina garee hawaasaa keessatti sochiilee mul'atanidha. Duudhaan gugsii fardaas aartii sochii qaamaa keessa hangafadha. Aadaan kun jireenya Orom duriirraa kaasee hawaasa keessatti baramaafi dhaloota irraa dhalootatti darbaa akka dhufe beekamaadha.

Akka seenaan ibsutti duudhaa gugsii fardaa keessatti Oromoon farda yaabbatee gulufa, ari'ee ni qaba ykn fiigee jalaa baha, utaalee laga ce'a, binensa darbatee rukuta ykn waraana, hiriyaan wal dorgomee gulufee shimalaan waraanee kuffisee mo'ata, harkaan yoo qabate halangaan garafee bira darbee badhafama. Ispoortiin aadaa akka adunyaatti gosa hedduu yoo ta'an qorannoo kanaaf duudhaa gugsii fardaatu xiyyeeffannoon xiinxalame. Leellisaan (6413:100) seenaa fardaa yoo kaasu "Oromoon farda baay'ee jaalata, baay'ee kabaja, fardi fira dhala namaati jedhama, fardi horii hunda caalaa gumaan isaa kan namaatti aanee olka'aadha." jedha.

Yaaduma hayyuu armaan olii kanarraa wanti hubatamu, Oromoon beeyilada hunda caalaa fardaaf marartee addaa qabaachuudha. Keessumaa sangaa fardaa yaabee gulufuuf, jaalalaafi kunuunsa guddaa gochuufi akka dhala namaatti yoo tasa harka namaatti du'e gumaa guddaa qabaachuu ibsa. kunis hariiroon fardaafi dhala namaa gidduu jabaa ta'uu agarsiisa. Oromoon falaasama aadaa, duudhaafi eenyummaa siyaasaa saba biroorraa adda isa taasisu qaba. Innis bulchinsa dimokiraatawaa Sirna Gadaa, adeemsa araara gumaa, duudhaalee adda addaa, raawwilee ayyaanota, agarsiisa aartii ispoortii aadaa akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. kanneen hundaa keessaatti duudhaan gugsii fardaa adda dureen kaafama.

> *Akaakuu tapha aadaa keessaa hangafni gugsii fardaati. Oromoon fardaan gulufee roorroo daangasaatti dhufu ittiin ofirraa ittisaa ture. Fardi mallattoo gootummaa waan ta'eef aadaa taphaa jaallatamaadha. Beaton, (2011) irraa kan hiikame.*

Haaluma kanaan ka'umsi qorannoo tokkoo taateewwan dhugaa hawaasa qorannoon sun irratti gaggeeffamu keessatti mul'atu ykn dhimma jiruufi jireenya hawaasichaa barreeffames ta'e kan hin barreeffamiin jiru rakkoo maalii qabaa? qawwaa maaltu keessatti mul'ataa? kan jedhu adda basuun furmaata kaa'uufidha. Akkasumas, yaadiddama dura jiru fooyyeessuufi kamiin yoo adeemsifame bu'aa gaarii argamsiisa jecha qaamni qorannoo geggeessufi gaaffiiwwaan ijoo qorannoo gaggeessu Sana bakkatti deebii argachuu dandan'an ka'umsa qorannoo keessatti muldhachu qabu. Gaaffileen qorannoo ka'an kunis ifaafi kaayyoo qorannoo wajjiin kan walqabatan ta'uu qabu; Ranjit Kumar (2011) illee yaada kana ni deeggara.

Bu'uuruma kanaan ka'umsi qorannoo kanaa, duudhaan gugsii fardaa akka Godina Horroo Guduruutti ilaalcha akkamii akka qabu, Oromonni maccaa naannoo kanaa dandeettii oguma gugsii fardaarratti qabu, bu'aa fardi dhala namaaf buusaa ture keessaa, yeroo ammaa sababoota tokko tokkoon qaawwaa haaphachuu hormaataafi kunuunsa fardeen jiranii, jaalalli dur gugsii fardaaf qaban dhabamuu, walitti dhufeenyi fardaafi Oromoo bakka kana gidduu hir'achuufi duudhaan ilaalcha gugsii fardaa akka gootaatti ilaaluu hafuu, sangaa fardaan gaarii harkiisuu,ba'aa ulfaataa baachisuufi yaala adaas ta'e ammayyaa yerootti taasifamaa ture xiqqeessuutu bakka kanatti argame.

Dhaaloonni aadaa, duudhaa, safuu uumaafi uumaamaaf kennama ture dagachuu, meeshaalee geejibaa tekenooloojiifi amantii ammayyaa faana luucca'uu aadaan Oromoo hedduun bu'uura ganamaa gadhiisuutu mul'ate. Jijjiiramni ilaalchaa kunimmoo rakkoo garaa garaaf namaafi biyya saaxiluun cinaatti, duudhaafi beekumsi xabboo hawaasichaa dhaloota dhalootatti akkan darbinee taasise. Dhaloonni aad-malee ta'ee akka guddatuuf karaa bane. Dogoggorri kun ammumaa bu'uurarraa yoo hin jijjiramne, dhaloonni dhufu jaalalaafi kunuunsa duudhaa ganamaa dhiisanii ammayyummaa qofaarratti xiyyeeffachutu dhufa. Kunimmoo Aadaa, duudhaafi oguma/aartii beekumsa hawaasaa irratti badisa fidaa adeema.

Foolkilooriin hawaasa bakka kanaa gadi fagee nyaan amma qoratamne jijjiramni kan hin dhuf ne yoo ta'e, dagatamuurra darbee baduu waan danda'uuf akka qorannoo kana gaggeessinuuf nu kakaasera. Qorattonnis hojii qorannoo aadaa aartiifi tursiisa hambaalee Oromoorratti waan bobba'aniif, dhimmi duudhaa gugsii fardaa eenyummaa Oromoo ganamaa waan ta'eef karaalee hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee jiruuf jireenya Oromoo walin hidhata guddaa akka qabu hubatanii mata duree

kanarratti qorannoo gadi fagoo gaggessaniiru. Bu'uuruma kanaan Kaayyolee qorannichaan xyyeeffatame kanneen armaan gadiiti.

- Ilaalchafi dandeetti duudhaa Oromoon Horroo Guduru gugsii fardaarratti qabu xiinxaluu
- Oguma aadaa Oromoon sanyii fardaa ittiin filatuufi faaya gugsii fardaa miidhagfatu ifoomsuu
- Duudhaa akka bakka qorannoo kanaatti yoomessa gugsii fardaafi barbaachisummaa isaa tarreessuu.

**2. Malleeniifi Meeshaalee Qorannichaa**

Qorannoo kanaaf malli hojiirra oole mala akkamtahaa yoo ta'u gosti qorannoo ibsuudha. Sababni isaas, ragaaleen qorannichaa lakkoofsaan otoo hintaanee jechaafi gochaan kan dhihaataniifi ibsaman waan ta'eefiidha. Malli akkamtahaa rakkoolee hawaasa keessatti argaman haala gaariin ragaa guuruun akka furamaniif gargaara. Cohenfi kaan, (2005) yaada kana waan deeggaraniif fayyadamne.

Akkasumas, ragaaleen qorannichaa tooftaa afgaaffiifi al caaseffamaafi caaseffama gamisaa, daawwannaa dirree, sakatta'a dookimantiin kan sassaabaman waan ta'eef, ragaaleen mala kanaan walitti qabaman mala akkamtaatiin xiinxaluun mijataa waan ta'eefiidha (Creswell, 2007). "Malli akkamtaa ragaalee jechaan ibsuu, qaaccessuu, hiikuufi xiinxaluuf kennataadha" jedha.

Maddi ragaa qorannichaa, madda ragaa tokkoffaati kunis ummata Oromoo Horroo Guduruuti. Ragaalee walitti qabuuf hirmaattota ragaa barabaachisu himan aanolee sadii (3) mala akkayyoon adda ba'an keessaa maree garee yeroo lamaaf namoota ja'a, ja'a, nama lama lama afgaaffiif mala darbaa dabarsaafi kaayyeffataan waliigala namoota (24) tu filatame. Daawwannaan dirrees yeroo lama gaggeeffameera. Sababni mala iddatteessuu kanatti dhimma ba'ame, raawwii waan tokkoorratti beekumsa gahaa kanneen qabaniifi qooda fudhataa kanneen turan ta'uu isaanii bu'uura godhachuunidha. Sababiin tooftaaleen kun filatameef odeeffannoo madda tokkoffaa walittiqabuuf waan mijatuufidha.

Ragaaleen malleen akkamtaa kallattii adda addaan walitti qabaman ijoo ijootti qoqoodamuun jechaafi himaan ibsamuun hiikni kennameefi bifa barbaachisaa ta'een xiinxalamaniiru. Ragaalee walitti dhufeenya qaban walitti fiduu, akkaataa barbaachisummaa isaanitti yaadihiddama aadaa hawaasaa gargaaramuun xiinxalamaniiru. Haala kanaan qimdeessuun hojii qorannichaa milkeessuuf barbaachisaa wan ta'eefidha.

## 3. Xiinxalaafi Hiika Ragaalee

### 3.1 Hariiroo Fardaafi Oromoo Ganamaa

Akka ragaa himtoonni seenaa naannoo bakka qorannoo kanaa himanitti, fardi aadaa uummata Oromoo keessatti kabajaafi ilaalcha addaa akka qabutu himama. Hariiroon fardaafi Oromoo gidduu jirus durumaa baay'ee jabaadha. Oromooni naannoo Horroo dur yeroo waraanaa daangaa lafaa eegachuu, raawwilee ayyaanota aadaa, gaddaafi gammachuu fardeeniin akka socho'u ragaa himtoonni ni kaasu. Akkuma Ityoophiyaattuu fardatti dhimma bahuu kan dursee eegale Oromoo ta'uuu ragaaleen seenaa adda addaa addeessaniiru. Yaada kana kan Xannaan, Pankhurst (1989) wabeeffachuun ibseera. Sosochiin Oromoo jaarraa 16ffaafi waraanni Adwaa utuu fardeen Oromoo hin jiran ta'e milkaa'u akkan dandeenye manguddoonni seenaa ragaa bahu. Bu'uuruma kanaan hariiroo Oromoon farda waliin qabu durii kaasee hanga har'aatti itti fufeera. Oromoon Abbaa fardaa waan ta'eef farda ni kunuunsa. Keessumatti Oromoon waa sadiif farda akka jaallatu ragaa kennitoonni addeessaniiru. Tokkoffaa, fardi amanamaadha. Abbaan fardaa yoo kufe gatee hin qajeelu. Lammaffaa fardi dirreefi caffee oola. caffeen immoo bakka magariisaafi qabbana akkasumas bakka marii hayyuufi waayyuuti. Sadaffaa fardi ayyaana qaba. fardi haadhasaa hin gaanu; hin korus jechuun duudhaafi maalummaa sangaa fardaa ibsu. Amaloonni kunneen farda beelladoota hundarraa waan addaa isa taasisa. Akkasuma Oromoon farda bifaafi jabinasaarratti hundaa'uudhaan maqaa akka fardaafi abbaa fardaaf moggaasaa akka ture yaada ragaaa kennitootarraa xiinxalameera. Bu'uuruma kanaan ilaalcha, dandeettifi ogumni raawwii gugsii fardaa Oromoo duriifi har'aa maalirra akka jiruufi sababootni miidhaafi hir'na kabaja sangaa fardaa fidan akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

### 3.2. llaalcha Oromoon Gugsii Fardaaf Qabu

Mata duree kana jalatti ilaalcha jechuun jaalala, kabaja, mararsiifannaa kan bakka bu'udha. Kana malees safuufi kabaja Oromoon gugsi fardaaf qabu kan ibsuudha. Akka ragaa kennitoonn addeessanitti, Oromoon bakka abbaafi obboleessaa farda isaa ittiin gulufuun dhaadata, ni abdata fedhu ittiin lola. Fardaan kallattii hundaan dabaala; ittin foggala, ittin duula akkasuma ittin geerara. Gugsiin fardaa Oromoof mallattoo eenyummaafi gootummaati. Fardi tokko dhiira dhibba caala. Humni konkolaataayyuu humna fardaan madaalama. Fardi ulfoodha, akka ilmoo namaatti ilaalama. Fardiifi namni birmaduudha jedhanii amanu. Birmaduun ilmoo namummaa bakka bu'a kanaafuu fardi gugsiidhaaf qophaa'u baay'ee kunuunfama jedhu.

Bu'uuruma kanaan farda egaa eenyuyyuu ija jaalalaan malee ija hammeenyaan hin ilaalu, Farda hin dhaanan, ba'aa kabajasaaf hin malle hin baachisan. Yaada kana ilaalchisee akka ragaa kennaan qorannoo kanaa manguddoo (T.T) jedhanitti. "Oromoon durumaa farda ittiin gulufu baay'ee kunuunsa, baayee kabaja. Fardi fira dhala namaati jedhama. Fardi kormaan keessumaa horii hunda caalaa gumaan isaa ol aanaadha. Fardi gaafa nama fuudhee qofaa deemuyyuu abbaa hin ganu, wajjin ala bula malee. Yoo abbaan yaabbatee irra kufe gatee hin deemu achuma dhaabatee himimsa kunimmoo mallattoon nama waammachuu agarsiisa jechuun ilaalcha fardaaf qaban ibsu. Oromoon gadaan bula duruma aadaafi duudhaa abbootaasaa keessatti, gaafa wal harkaa fuudhinsa baallii sirna gadaa, cidhafi ayyaanota keessatti fardeenin miidhaksa akkasuma lola adowaarratti Oromoon kaabaa kibbaa walitti dhufee fardeenin gulufee lolee injifateera jechuun ragaaa himaniiru.

Akka xiinxala yaada raga himtoota armaan oliirraa hubatamutti, har'as konkolaataa caalaa miidhagina guddaa waan qabuuf. Guutummaa guututti meeshalee geejibaa ammayyaarratti of gatuurra, hawaasni keenya osoo fardeensaa gaafa gaddaa gammachuu raawwii kamiyyuu itti gargaaramuun aadaa fardaafi kunuunsa isaa keessatti shoora guddaa qabaatee badisaafi dagatamuu duudhaa kanaa oolchuu akka dandeenyu agarsiisa. Akkasuma fardi beeyilada akkami akka ta'eefi kabaja fardi Oromoo biratti qabaachaa ture kan ibsudha. Kana malees, Oromoo keessatti dur fardi akka dhala namaatti kan ilaalamuufi dhala namaa caalaa kan namaaf yaadu waan ta'eef akka ilmaa obboleessaafi abbaatti abdatama turuu ibsa.

**A. Ilaalcha Hawaasni Nama Fardaa Gugsiin Beekamuuf Qabu**

Bakka qorannoo kanaatti ragaa kennitoonni af gaaffiif adda bahan yeroo ibsan "Fardiifi abbaan farda collee hawaasa keessatti kabaja guddaa qaba. Abbaan fardaaa yeroo waamamu, Abbaa Daalee, Abbaa, Shaanqoo, Abbaa Daamaafi Abbaa Magaal jedhamee maqaa fardasaatiin waamama. Gootummaan nama farda gugsuu hanga cimina farda isaafi jabina leenjii namichi gugsii fardaarratti qabuun madaalamee hawaasa keessatti mirkanaa'a. Yeroo waamamamanis maqaa bajaa farda yaabaniin hawaasa keessatti isaan faarsa yookaan leellisa.

Maatiifi haati warraa namoota gugsiin beekamanii hawaasa keessatti kabaja guddaa qabu jechuun ifoomsaniiru. Raga kennaan kanbiraa obbo (D.DH) jedhaman namni yaabbii gugsii fardaan jabaa ta'e duris ta'e har'as yoo ofii fooniin dacheerraa du'eyyuu maqaansaa hawaasaafi dachee irratti

barabaraan yaadatama. Fakeenyaaf, akka Horroo Guduruutti gootonni fardaan gulufanii diina biyyarraa eegaa turan kan akka, Abiishee Garbaa, Dabaloo Gannaa, Filee Mandaraafaa hanga ammaatti fardaan leellifamu jechuun addeessaniiru.

Yaadni armaan olii kunis yeroo xiinxalamu, namni gugsii fardaan jabaa ta'e tokko karaa hawwaasummaa, gootummaa, jaalallifi kabajni inni hawaasa naannoo keessatti qabu dandeettiifi cimina fardaa dabalatee kan walcaalu ta'uusaa argisiisa.

Raga kennitoonni marii garee dabalataan yoo kaasan, namni farda gugsiin beekamaa ta'e jaallattoota fardaa biratti akka ilma hangafaatti kan ittiin waamamufi moggaasni maqaasaa malkiifi jabina fardaasaan walqabachuu ibsu. Namni tokko gootummaan isaa dandeetti gulufuu farda isaa waliin malee nama qofa akkan taanes ni addeessu. Namni fardaan lolee ykn dorgomee badhaafame ganda jiraatuu kaasee akka biyyaattillee maqaa guddaa qaba. Dhageettii addaa qaba dubbatee nama araarsuuf dubbatee gaahila adda addaa keessatti fuusisuuf heerumsiisuu keesattis dura deemaadha jechuun ibsan. Dabalataan bara tekinoolojii kana erga lolli daangaa kabachiisuu gugsii fardaan adeemsisrraa gara meeshaa ammayyaatti dhufeeyyuu tapha gugsii fardaa kana jaallattoonni gugsii fardaa dargaggoon Oromoo ittin qaama wal cimsaa ittiin wal gootomsaa, walbashannansiisaa, dorgommii dirree shimalaan bakka hin miidhamne wal waraanee miliqqee wal shaakalchiisaa. Aadaa tapha gugsii fardaa seera ganamaarra osoon jallissin xiiqii adda addaa wal barsiisaafi wal onnachiisaa akka jiru qorannoon kanaan xiinxalameera. Gurmuun hiriyaa wal godhatee walitti adeemuun waliin nyaatee dhugaa hawaasummaa cimsaa kan turefi ammallee darbee darbee akka jiru hubatameera.

**B. Ilaalcha Hawaasaafi Nama Farda Gugsii Hinqabne**

Ragaa kennitoonni bakka qorannoo gaaffii mata duree armaan olii kanaaf yaada yoo laatan, "Fardi gonfoo ulfinaati namni farda hin qabne ykn farda gugsii hin dandeenye akka aadaafi duudhaa Oromoo duriitti baay'ee beekamtiifi kabaja hawaasa naannoo keessatti hin qabu. Gad aantummaan ilaalama, ni tuffatamaa. Miinjee hin kadhatamu, ablejii hin kadhatamu. Sababnisaas Oromoon farda waliin dirree adda addaarratti gootummaan beekama waan ta'eef namoonni fardan qabnemmoo dubartoota waliin mana keessa oolu, aadaasaanii guutanii hin eegganne jedhamu. Ilmi Oromoo tokko sirna ittiin bulmaata saba Oromoo kan ta'e wal harkaa fuudhinsa baallii gadaallee kan qajeelchu farda waan ta'eef daa'imummaa umurii waggaa saddeetii kaasee

shaakala gugsii fardaa taasisuuu qaba jedhamee amanama. Buu'uuruma kanaan namni farda hin qabne ilmisaa farda ergisaan fuudhaa, farda ergisaan dhima gara garaaf bahaa. Akka duudhaa Orom-duriittimmoo namni fardan qabne adda waraanas hin dhaqu hawwaasa keessatti baay'ee tuffatama jedhan.

Yaadni ragaa himtoota armaan olii kun yeroo xiinxalamu waan hubatamuuu qaban hedduudha, ilmi Oromoo akka duudhaafi Orom duriitti, jalqaba farda, horsiisuufi kunuunsuu akka qabu dirqama akka ta'e agarsiisa. Akkasuma shaakala guluffifi kunuunsa sangaa fardaa daa'imummaadhaa kaasee irra deddeebbiin taasisuu akka qabu, yeroo eegumsa kabaja daangaa biyyaas, ta'e bakka hiriyaa dorgommii ispoortii qaama jabeeffannaafi bakkee cidhaa, gaddaafi bashanna biroo kamiyuu dhaquudhaaf farda malee miidhaginnifi ulfinni akka hin turre kan addeessu akka ta'edha. Bu'uuruma kanaan dhalli Orommoo dhiira ta'ee dhalate tookko egaa gugsii fardaa kan hin beekne ykn farda kan hin qabne taanaan naannoo jiraatuufi hiriyoota isaa keessaa nama duudhaa hawaasaa hin kabajne jedhamuun gadi aantumaan akka ilaalamu qorattooonni kun xiinxalaniiru.

### 3.3 Oguma Oromoofi Faaya Gugsii Fardaa

Gugsiin fardaa meeshaa aadaa garaa garaan faayamuun gaggeeffama. Ragaa kennitoonni bakka qorannichaa dhimmi oguma meeshaa aadaa kana yoo ibsan "Ogumni meeshaaleen fardeen ittiin miidhakfaman yaabbii fardaa keessatti adda dureedha. Namni farda qabu tokko akkuma sooree miicee kunuunsee cimsu meeshaalee fardasaa ittiin yaabbatu bareechan yeroo garaagaraa ittiin miidhakfatus guutachuun dirqamadha. isaanis: uddeellaa, kooraa, gilaasha, fuuloo, gara jalee, maataba, mormaa, halanqeefi baladii, gaachana, goraadeefi bakara eeboollee guutate manaa qabaachuun dirqama guugsituu jabaa tokkooti. Meeshaaleen kunneen guutamanii mana hin jiran taanaan namni tokko farda qabaachuun isaa hiika hin qabu jedhan.

Dabalataan ragaa himtoonni marii garee lammaffaan bakka qorannoo yoo ibsan meeshaaleen faayaa miidhagina yaabbii gugsii fardaaf hojjetaman bakka lamatti qoodamu jedhu.Isaanis: Meeshaa fardeen gugsii/waraana af qophaahan yookaan hojjetamuufi fardeen raawwilee sirnootaaf, cidhaaf, jilaaf, fira dubbisuuf, daandii ittiin imaluuf, gabaa, walgahii jaarsummaafi bashannana adda addaa ittiin deemamuuf meeshaan hojjetamu gargari jedhan.

Meeshaalee faaya kana bal'inaan yoo kaafaman, 1ffaa, Meeshaan yaabbii fardaa yeroo gugsii dorgommii hiriyaaf, waraanaa daangaa biyyaa ittiin eegsisuuf barbaachisan, oguma jabaadhaan, baladii haphii akkaataa hin

dafqisiifnetti kooraa salphaafi cimaa dugda fardaa sirriitti hammatee qabachuu danda'u cabuu hin qabne luugamafi fuuloo jabaa akkan hincinnetti dibataan sukkuumamee sangaa fardaa gara barbaadametti naannessuu danda'u, yoo addumaan lolaf ta'e immoo gaachana, eeboo, goraadeefi halangee jabaa ittiin farda garafatantu gogaa roobiirraa hojjetamaafi jechuun ibsaniiru. Yaada ragaa himtoota kanaa kan cimsu. Leellisaa (6413: f'102) "Meeshaan abbaan fardaa yeroo farda yaabbatu qabatu, alangee, gaachana, ulee, yeroo barbaachisummoo, luffisa, gogaa qeerransaaykn leencaa, jirbii garagaraarra tolfame, gateettii irratti keewwatu" jedha.

Bu'uuruma kanaan ogeessonni meeshaalee kana hojjetan uummatuma Oromoo keessa ta'anii hojii ogummaa gogaa beeyladootuma itti gargaaramnu, mukeen adda addaafi sibiilota naannoo keenyatti argamanirraa mala aadaatiin warren dandeetti sibiila baksuu kanaa qabantu dalaga. Akkasuma oguma faacha fardaa miidhaksuullee hundi namni hin beeku shaakalafi muuxannoo yeroo dheeraa barbaada jechuun ibsu. Yaada armaan olii, Xannaan, (2013) ni jabeessa.

Yaada ragaa kennitoota armaan oli kana yeroo xiinxalaman, ogumni aadaa Oromoo ganamaa kun har'a hurjinaalitii gadhiisee akka jirutu hawaasicharraa dhagahama. Adeemsa jijjiiramaa ammayyummaa keessa yeroo ammaa kana madaabaraa qaacaafi wantoota maashina garagaraan omishaman kana akkataa kaalaqa biraan dhahanii batteessanii tubbaa halluu garagaraa qabu itti godhanii midhagina dabalataa itti uumanii yaabbatu. Haa ta'u garuu jabinas ta'e miidhaginayyuu akka isa kan aadaa duraa sana akka hin geechetu hubatama. Halangaan dur gogaa roobiirraa hojjetamee dibataan laaffifamee bareedee waggaa hedduu bakkee garaagaraatti dhiyaatee fayyada. Kan yeroo ammaa kana qaacarraa gogaama arganirraa yookaan dhuunfaan, sibaagorraa foo'anii halluu itti baasanii dhahu kunimoo hanga durii umurii hin dheeratu, hin miidhagus kanaafuu ogumni aadaa kun osoo hojiirra oolee gaarii ta'uu xiinxalameera.

Inni 2ffaan, Meeshaan miidhagina fardeenii yeroo qophii bashannanaa,cidhaafi raawwii jiloota adda addaa farda ittin yaabachuuf qopha'an haala kamiin hojjetama? gaaffii jedhuuf, ragaa-kennitoonni kun yoo ibsan, Meeshaan yeroo dhimmoota akkasii immoo kirnii tubbaa itti heddummeessanii kooraa bal'aafi baladii guddaa fuuloo gogaarraa bocame akkaataa adda addaan sararanii miidhaksanii, dabalata faacha bineensa weennii jedhamullee iddoo tokko tokkotti gurra fardaa gidduu dhaabani qopheessuun zinnaara itti naqanii akka ija hawwatutti qopheessu. Akkasumas raawwi ayyaanaa sana

dura faachoo fardaa ogeessaan filanii dhahanii akkaataa miidhagina dabalataa argatutti akkuma rifeensa dubartiitti bareechani dhahu. Baladiinsaaniillee halluuwwan, gurraacha adiifi diimaa wal makee kan cidhaa ykn ayyaanaa fakkaatee akka miidhagutti jirbii irraa dhahama jechuun addeessaniiru.

Egaa bu'uuruma ragaa himtoonni kun kaasaniin xiinxalli qorattootaan hubatame, Oromoon osoo mana barumsaa ammayyaa hin deemiin durayyuu ogummaa kaalaqa, hedduu qabaachuusaa hubachiisa. Kuni barnootuma abbootarraa dhaaleen afaanifi gochaan duudhaa, aadaafi oguma safuu guddaa qabu kana barreefama tokko malee sammuutti qabatee akka asiin gahetu argama. Haa ta'u garuu ogummaan kun sirna barreeffamaan osoo hin qophaa'iin afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti darbaa turuusaatiin akka kan warra adii beekamtii argachuurratti yeroo akka fudhate nu agarsiisa. Yeroo kanaa booda osoo gadi fageenyaan qorannoon irratti gaggeeffamee dhaloonnis ammayyummaan cinaatti safuufi oguma aadaa abbootasaa barachuufi kunuunfachuu akka qabu qorannoo kanaan xiinxalameera.

**3.4 Dandeettii Shaakala Leenjii Gugsii Fardaa**

Jiraattonnifi jaalattoonni Oromoo duudhaa gugsii fardaa bakka qorannoo kanaa gaaffii afaaniif adda baafaman akka ragaa kennanitti, "Keessumaa sangaan fardaa tokko dandeettiin guluffiisaa lafa jala osoo dirree lolaa ykn dorgommii gonbisaa hinseeniin waan ittiin qoramee ilaalamu qaba. Kunis lafa meetira lamaa caalu walirraa butanii dirree bal'aa keessatti qofforu, maqaan boolla kanaa goomaa jedhama bakka kanatti ciminaafi laafina fardi ofii qoranii ilaallatu. Fardi goomaa kanarra hin utaallee waraana ykn gugsii deemuun danda'u. yoo goomaa sana utaale darbe dhaqee lola sanaan mohee garmaamaa gala jechuun ibsu.

Yaadni raga kennitootaa kun yeroo xiinxala qorattootaan ilaalamu, kormaan fardaa gugsiidhaaf qophaahu akkuma namaa farda gugsiif qophaahu jabina qaamaafi leenjii garaa garaa barbaachisu, fardis shaakala gadi fagoo gochuu qabu hundaa naannootti dura xumura. Human kana argachuuf seeraan sooramee qormaata darbuu qabu qoramee erga darbee gara dirree barbaadameetti yoo dhiyaate malee salphaatti fuudhanii adda waraanaas ta'e dorgommii hiriyaa deemnaan dirreerratti gugsituurraanis ta'e fardichumarra miidhaa kan geessisuu ta'uusaa hubachiisa.

Bu'uuruma kanaan ragaa kennaan kan biroo Obbo (G.Q) yoo kaasan "Sooranni sangaa fardaa akkasumaan osoon taane dursee itti yaadama. Kana jechuun dandeettiin farda gugsiif ta'uu akka cimutti, karooraan garbuun

bitamees ta'e qotamee taffagama kunis hangasaa tilmaamuun hammi tokko yoo hammacamu kaan immoo taffagamee qophaaha. Safaraan hanga quunnaa sadii kan ta'u soogiddi amooleen bitamee tumamee bullaahee garbuu kanaan makamee yeroo yerootti nyaachifama. Bishaanis akkuma barbachisummaa isaatti yeroo yerootti obaafama jedhu.

Yaada manguddoo armaan oliirraa kan hubatamu jabina farda ofii cimsuuf yeroo dheeraa dursanii itti yaaduun barbaachisaa akka ta'e, soorata human kennan adda baasuun yeroo yerootti kennuufin akka barbaachisu addeessa.

Dabalataan raga kennaan kanbiroo gareema kana keessa yaada yoo kennan, "Ilmi Oromoo tokko duudhaafi adaa abbootasaa kana baruun dirqamni waan irra jiruuf, dandeettii gugsii fardaa cimaa gonfachuuf dhalatee umurii waggaa saddeeti kaasee soorata gahaafi barbaachisaa nyaachuu qaba. Shaakala gugsii fardaa bakka oolmaasaatti argachu qaba. Raga kennitoonni dhimmi kanarratti yeroo ibsan "Adeemsuma aadaa Oromoo duraattuu namni tapha gugsii fardaan cimaa ta'e tokko akkuma fardaa sooramuu, shaakaluufi jabina qaamaa qabaachuun isaa barbaachisa. Akkuma makmaaksi Oromoo "Fardi hin geessa malee hin waraanu jedhamu" gaheen fardaa irraan gahuudha. Namni irra jiru kunimmoo injifachuudhaaf dursa manatti shaakala gadi fagoo adeemsisuu qaba. sababnisas daangaa biyyaa ofii tiksuuf, waldorgommi hiriyaa tapha gugsii fardaa mo'ee badhaafamuuf, akka duriittimmoo lolee booji'ee galee lafa argachuuf ilmi dhiiraa tokko dandeettii gugsii fardaa cimaa qabaachuu qaba jechuun ifoomsu.

Yaadni ragaa kennitoota kanaa akka qorattootaattis yeroo hubatamu, Oromoon duudhaalee adda addaa akka qabu, duudhaa kanammoo hubannoo guddaadhaan akka dhalasaatti dabarsaa ture, kunis shaakala maatirraa dhaalamu dandeetti ispoortii aadaa, seera safuufi jaalala, akkataatti drree lolaas ta'e dorgommee hiriyaa gidduutti gaggeeffamu moohanii galuun danda'amuu. Cimina kana argachuudhaaf immoo nyaata humna kennan yeroo yerootti soorachuu, shaakala barbaachisu gita hiriyaa ofii waliin ijoollummaarraa kaasanii taasisuun dirqama ilma Oromoo akka ta'e yaada ragaa kennitoota kanaarraa xiinxalameera.

### 3.5 Faayidaafi Yoomessa Gugsii Fardaa

Ragaa kennitoonni afgaaffii qorannoo kanaaf filataman barbaachisummaa duudhaa gugsii fardaa yoo addeessan, "Gugsiin fardaa, hawwaasummaa, dinagdeefi eenyummaa Oromoo hundaa keessaa qooda qaba. Kana

jechuun, Oromoon jiruufi jireenyasaa keessatti, gaafaa gaddaa, gammachuu, gootummaa, hiyyummaa injifachuuf, raawwilee jiloota garaa garaa gaggeeffatu kam keessattiyyuu farda waliin malee qofaa waa hin raawwatu. Keessumaa yeroo birraa ji'a fulbaanaa kaasee hanga Amajjiitti tapni gugsii fardaa baay'ee ho'aadha. Sabni Oromoofi fardi adda bahanii hin ilaalamnemmo hawwaasni kun fardaan lolaa, fardaan fuudhaa, fardaan adamsa, fardaan wal awwaala. Ijaarsa hawwaasa dinagdee keessatti, gaafa ilmi Oromoo fuudhaaf gahe ykn tapha gugsii fardaa hawwe akkaa bitaniifii kajeelu, hawwiisaa maatiitti kallattiidhaan afaaniin dubbachuu yoo sodaatee, karaa walaloo yookaan geerarsaan dhaammata. Manguddoota hiriyaa maatiisaa ta'anitti yeroo hojii oyiruu, yeroo godoo dallaa bulu ibsata. Innis akkas jechuun geerara.

*Sangaa fardaa cidhaanii niitii kaarruun bishaanii*
*Kana yaadde garaanii kana yaadeen Xallise*
*Foon maddiikoo na carrisee*
*Odolcha arfan muxaa akka qeerransaa dutaa*
*Isatu luugama kuta magaal goodaan laganii*
*Si waliin qoosaan dhaqanii* jedhee geeraruun ibsata jechuun ragaa himtoonni ibsaniiru.

Walaloo dargaggoo kanaa dhaggeeffachuun manguddoonni maatiinsaa akka farda bitaniifii mucaan hiriyoota waliin gara shaakala gugsii fardaa akka deemu, akkasumas akka mucaan kun fuudha gaheefi kajeele hubatanii maatiisaa mariisisuun akka hintalli barbaadamuu jalqabdu taasisuufi. kunis kan mullisu, Oromoon aadadhuma ganamaa keessatti dubbii qolaan gabaabsee akka ergaa guddaa dabarfatufi hawwaasummaa akka ijaarrati agarsiisa.

Dabalataan akka jiraattonni naannoo bakka qorannoo kanaa maree gareef filataman jedhanitti bara durii hiyyeessillee haadha fardaa bitatee wadala harree yaabsifatee kunuunfatee yeroo ammaa immoo mala ammayyaan sanyii kormaa harree fuudhee haadha fardaattii dabarsuun tikfatee gaangolii yeroo isheen dhaltu gurguratee ittiin hiyyummaa keessa bahe dinagdee jabeeffachaa ture jedhu. Fakeenyaaf akka ragaa kennaan keenya jedhanitti namni farda bitee gaangolii irraa horsiifatee soorome tokko akka armaan gadii jedheee haadha fardasaa faarsee mararfata jedhan.

*Booqee cufaa waleensuu*
*Gaangolii maleen deessuu*
*Booqee haadha maammitee*
*Situ sangoota naaf bitee*
*Booqeen haadha moollaati*
*Sangaan bite ollaati* jechuun geerara.

Madda Obbo (A.M.10/08/2016)

Akka walaloo armaan oliirraa hubatamutti oolmaa dhaltuun fardaa bifaan addarraa balaccuu qabdu nama kanaaf ooltee faaruun mararfachuusaa argisiisa. kunis gaangolii isheen dhalteefii gurguratee sangaa bitatee ittiin qotatee abbaa birriif abbaa dilbii ta'uun ollootasaa qaqqabuusaa arginisiisa. Yaada ragaa himtoota kanaarraa kan hubatamu fardi kormaas ta'e dhaltuun Oromoo biratti kabaja gudda qabaachuufi madda dinagdee uummata ta'anii tajaajilaa turuufi yeroo ammaa garuu sababoota garaa garaan duudhaan kunuunsafi horsiisa fardeenii badaa akka jirutu xiinxalame jira.

### 3.5.1 Gahee Eebbaafi Milkii Gugsii Fardaa keessatti

Manguddoonni aadaa bakka qorannoo ragaa maree garee keessatti hirmaatan ragaa yoo kennan "Duudhaa Oromoo keessatti, dur farda callisanii qabanii fe'anii yaabanii deemuun hin jiru adeemsaafi seera kan qabudha. Fardi osoo gara dirree dorgommii hiriyaa ykn dirree waraanaa osoo hin deemiin manguddootaa hangafaa naannoo jiraniin dursa eebbifama malee akka feete yaabamee hin deemamu. kunis kallachi bahee eebbifama. Jalqaba ayyaantuu kallacha baasanii coqorsa fidanii dhadhaa addaannoo fidanii adda muudanii, eebbisu. Sana booda hangafaafi quxusummaan manguddoonni wal duraa duubaan eebbisu. Akka eebba naannoo kanaatti, fakkenyaaf

*adda argadhu!*
*moohii gali!*
*waraanamten hin galiin!*
*waraanii gali malee!*

*Ofkoli!* jedhanii fardichas nama yaabbus eebbisanii gaggeessu jedhan. Akkasiin namicha yaabus gufuun akka isa hin dhoofne moohee booji'ee akka galu bahee gala akka hin hafne abdatama.

Bifuma kanaan duris warri seenaa hojjetan naannoo Oromoo Horroo keessatti akka dhageenyutti, dabaloo gannaa, dagaa horoo, abishee garbaas akkasitti lolaa akka turantu himama. Jechuun duudhaan gugsii fardaa baay'ee jaalatamaa akka ta'e ibsaniiru.

Dabalataan ragaa kennituun afgaaffii aadde (H.S) muuxannoofi hubannoo maatiisheerraa agartee yoo ibsitu, umurii jiraanne keessatti kan arigines ta'e kan dhageenye, nama gombisa fardaas ta'e waraanatti farda fe'atee qajeele milkii itti hin ta'an gammachuun afaan gaariidhaan gaggeessu malee. Arraba itti hin badani keessumaa ga'een dubartootaa jaarroleema waliin argamuun aannan habbuuqatanii itti tuttufuun eebbisanii gaggeessu jedhan.

Ragaalee armaan oliirraa akka qorattootaatti wanti hubatamu, milkii ilaallachuun jiruuf jireenya Orom durii keessatti isa hangafa akka ta'efi milkiin taatee fuuldura jiru kan namatti

agarsiisuufi yoo eeggatan waan gaariin akka namaaf ta'u yoo eeggachuu dhiisanimmoo mudannoo yookaan badisni lubbuullee akka namarratti dhufuu danda'u ta'uu kan xiinxalamedha. Akka namoonni maalummaa fardaa beekan dubbatanitti, "Fardi ayyaantuudha. Yeroo fe'amee deemuuf qajeelu waanta gaariis ta'e hamaa fuuldurasaa jiru ni beeka jedhama.

Kanaaf waan fardi dide dirqiin itti oofuun gaarii miti fardi fe'amee hurgufannaan, namni tokko ta'ee namatti dhufnaan, bineensi akka kuruphee, sareefi bofaa nama qaxxaamurraan manarraa kan hin fagaanne yoo ta'e ol deebi'anii afaan lulluuqachuu, harka dhiqachuufi wantoota duudhaan hawwasa jedhu rawwachuun dirqamadha. Hamma danda'amu wantoota milkii ta'an eeggachuun gaarii ta'uu. Fardi yoo waa isatti mul'ate jalqabuma qabaa dhowwataa. Fulduratti deemuu dida yeroo kana sababni akka jiru ni beekamuu qaba jedhan. Abbaan fardaa haala kanaa beekee gaafas dhiisee yeroo biraa deemuu qaba.

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamuu qabu aadaafi duudhaa Oromoo keessatti namni waan kamiyyuu raawwachuun dura milkii ilallachu akka qabu. Milkii ilaallachuunimmoo jiruuf jireenya ofii fuulduraaf ibsituu waan ta'eef hawaasni Oromoo waan godhu kamiifuu dursa aadaafi duudhaa isaa itti amantaa akka qabu yaada ragaa kennitoota kanaarra xinxalameera

### 3.5.2 Sabababoota Dagatamuu Gugsii Fardaa

Ragaa himtoonni marii garee bakka qorannoo rakkoolee haphachuu duudhaa gugsii fardaa yeroo himan, "Gugsiin fardaa gosa duudhaalee ispoortii aadaa keessaa baay'ee, beekamaa, jaallatamaafi kabajamaadha. Yeroo ammaa garuu gatiin fardaa qaalahuu horsiifni fardaa xiqqaachaa adeemuufi sababoota hedduumina amantii ammayyaa adda addafi baay'achuu meeshaalee geejibaa ammayyaarraa kan ka'e ilaalchiifi dandeettiin ogumaaa dhaloonni gugsii fardaaf qabu xiqqaachaa dhufeera.

Yeroo si'anaa sababoota garaagaraan hawaasni hedduminaan gara magaalaatti godaanaa deemuurraan kan ka'e waldorgommiin dur dargaggoonni Oromoo baadiyaa dirreefi gooda bal'arratti yeroo yeroon geggeeffamu gara kanneen akka motoraa, saayikiliifi konkolaataawwan garaagaraa istaadiyemiifi daandii aspaaltiirratti irra oofuutuu adeemsifamaa jira. Dabalataan, ispoortiiwwan aadaa kanneen akka darbannaa simalaa, wal'aasoo, fiigichaafi utaalchaa duudhaa isaanii ganamaa gadhiisanii haala ammayyaatiin geggeeffamaa jiru jedha.

Raga himtoonni kun ittuma fufuun yoo kaasan, “Adeemsi raawwii tapha duudhaa gugsii fardaas dagatamaafi xiqqaachaa deme. Akka argaa dhageettii keenyaatti seenaa fardaafi Oromoo durii keessatti “Dirree fardi hin jirre hin miidhagu. Dhaloonni ammaa garuu miidhaan isaan fardarratti gaggeessaa jiran kan baay’ee nama gaddisiisudha. Fardan gaarii harkisuun dhagaa, daakuufi ba’aa ulfaataa guura oolu. Haati fardaa sangaa fardaa dhaltee hosiftee guddiftee namaa laattus ta’e sangaan fardaa gulufee gombisee hiriyaa nama moosisu, lolee lolchiisee daangaa biyyaa eegsisaa ture yeroo amma alattii gatamanii kunuunsa dhabuun, bineensaan nyaatamaa, roobaaf aduun dhaanamaaa, kunuunsaafi soorata barbaachisu dhabaa jiru. Gaarii harreefi gaangeen baachuu qabdu gootaafi obboleessa gootaa kan ta’e fardi sababa dhaloonni aadaafi duudhaa abbootaa barachuufi kunuunsuu dagatetti fardaan harkifamaa jira jechuun komatan.

Dabalataan ragaa kennitoonni bakka qorannoo kun yoo ibsan, “Har’umayyuu Oromiyaa keessaa godinoonni biroon kankeenyarra fooyya’aadha. Seera bulmaata fardeenii baafatanii nama duudhaa gugsii fardaa cabse ittiin wal adaba jiru. Nuufis seerri duudhaa gugsii fardeenii kun osoo deebi’ee gaariidhaa jechuun addeessu.

Bu’uuruma yaada jiraattota bakka qorannoo kanaan, akka qorattoonni hubatanittis, geejibuma ammayyaa cinaatti kan aadaas osoo shaakalamee, kabajamee,kunuunsi beeylada kanaaf osoo ta’ee gaarii akka ta’e, Dhugumattuu dhimma fardaa kana seeraan qoratamee hojiirra oolee yoo namni haadha fardaas ta’e sangaan fardaa gaarii harkise ba’aa kabajasaaf hin malle baachise seeraan gaafatamuu akka qabu, dabalataan fardeen duloomanis ta’e tasa du’an bakka argetti akka allaattiif sareen hin nyaanne, ta’uu akka qabu xinxalameera.

Seenaa gugsii fardaa ilaalchisuun raga kennaan kan biraa yoo ibsan “Gugsiin fardaa bu’aa jiraachuu keenya har’aati. Sararamuu daangaa dachee keenyaaf bu’uuradha. Goototа Oromoo hedduutu fardarratti wareegame dhumeera. Dhaloonni bu’aafi kabaja aadaa, duudhaafi jaalala aartii gugsii fardaa beeku kunuunsaafi jabeeffachuuf osoo ifaajjii godhee bareedadha jechuun hadheeffatanii dubbatu.

Yaada hayyoota kanaarraa akka hubatamutti, eenyummaan ummata Oromoofi eenyummaan fardaa kan adda bahee ilaalamu akkan taanedha. Kana beeke hawaasnis ta’e qamni qorannoo aadaa, duudhaafi oguma saba kanaa qorachuurratti bobba’e akkasuma qaamni seera kabachiisu hunduu qabinsa fardaa hubatee hubachiisu qaba. Dogoggoroonni yeroo kana

sadarkaa garaagaraarra jiranis gorsaafi hubannoon kennameefi sirreeffamanii, kanneen didani duudhaa kana cabsanirratti immoo addabbii barbaachisaan fudhatame, Waajiroonni dhimma aadaafi ispoortii aadaarratti hojjetan hunduu duudhaa kana qorachuu jabeessuufi kunuunsuun hawaasa naannichaa tumsuu akka qaban qorattoonnis akeekaniiru.

### 3.5.3 Duudhaa Gugsii Fardaa Tursiisuuf Wantota Barbaachisan

Mataduree kanarratti marii gareedhaaf gaaffii qorattootarraa ka'eef raga kennitoonni yoo ibsan "Ammumaa jalqabee bakka garaagaraatti qindeessuudhaan, dargaggootaafi hawaasaaf godina kanaaf osoo karaa qorattootaa haalli mijeeffamee hubannoon kennamee gaariidha. Waajiraaleen aadaafi turizimiifi dargaggoofi ispoortii walitti dhufuudhaan bakkaafi yeroo mijeessanii hayyoota aadaa irratti afeeranii gaariidha. Dabalataan manguddoonni buleeyyiin dur bu'aa fardaa beekan osoo achirratti argamuun gorsa laatanii akkaataa hormaata fardaafi kunuunsa fayyaa fardeenii akka hordofamuuf ogeeyyiin fayyaa beeyladaas osoo bakki fardeen itti yaalaman bakka garaa garaatti akka hundeeffamu taasifamee gaariidha. Seerri kunuunsa bulmaata fardeenii bahee, namni seera bahe cabsee fardaan gaarii harkise seera malee ba'aa itti fe'e adabamee gaariidha jechuun addeessaniiru. Bu'uuruma armaan oliin dirreefi bakkeen itti fardeen gulufsiifaman iddoo adda addaatti karaa qaamoolee mootummaa deeggaramee kunuunfamee, yoo akka durii ittiin loluun amma gara meeshaalee geejiba ammayyaatti geeddarameeyyuu, bakkatti gurmuun hiriyaa gugsii gombisa fardaa shaakalan adda bahee beekamee dhaloonni irratti shaakala ispoortii aadaa adda addaa wal barsiisee gaariidha jechuun dhaamaniiru.

Ragaawwan armaan olii kanarraa waanti nuyi hubannu, ilaalchifi ogumni Oromoon dura raawwii gugsii fardaafi qabu badaa deemuun waan hubatameef dhaloonni kun hayyoota adda addaa dabalatee otoo mariihatee seenaafi seexaa akaakileesaa kana deebisee galmeewwan adda addaarratti galmeessee akka injifannootti kan nu boonsu malee kan nu qaanessu akkan taanedha. Qorattoonnis qaawwa kana arganii dhagahanii ragaalee argame, kana kallattii garaa garaan qorattootaaf, dhaabbilee barnootaa sadarkaa sadarkaa jiraniif, wajjiraalee aadaafi turiizimii, dargaggoofi ispoortii, akkasumas giddu gala qorannoo aadaa, aartiifi kunuunsa hambaalee yuunvarsiitii Wallaggaaf rabsaniiru. Dabalatan immoo dhaabbilee maxxansaaf kennuun duudhaan abbootaa kun akka dhalootattii darbuu qabu xiinxalaniiru.

## 4: Cuunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa

### 4.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa duudhaa gugsii fardaa kessatti ilaalcha, dandeettiifi oguma raawwii gugsii fardaa keessa jiru, Oromoo godina Horroo Guduruu wallaggaarratti xiyyeeffatee kan xiinxalamedha. Kunis duudhaan kun faayidaa, yoomessa akkamii keessatti akka tajaajilan, ga'ee qooda fudhattootaa, naamusa gugsii fardaa keessaafi ispoortii aadaa kana irratti rakkoo yeroo ammaa jijjiiramaan walqabatee mul'ateefi furmaannisaa maal ta'uu akka qabu qorate. Barbaachisummaan qorannichaas duudhaa gugsii fardaa keessatti ilaalcha, dandeettiifi oguma tapha aadaa Oromoo gama ispoortii ammayyaa cinaatti ga'ee qaban irratti qorattoonni gara fuulduraatti yoo irratti hojjatan, barruulee garaagaraa yoo barreessan, sirna barnootaa keessa yoo galchaniifi qaamni man-kuusaalee meeshaalee kaalaqa Oromoo keessa hojjetani illee firii qorannoo kanaa hubannoo keessa yoo galche gumaacha barbaachisaa fiduu akka danda'udha. Gosni qoranno kanaa, gosa qorannoo ibsaa ta'ee odeeffannoo kennitoota mala akkamtahaa jechuun iyyaafannaafi akkayyootiin iddatteessee ragaalee sassaabuuf meeshaa akka afgaaffii, marii gareefi daawwannaa, xiinxala dookimantiifi bargaaffiitti fayyadameera. Qorattoonni yaada ragaa kennitoota irraa kallattii adda addaa argame xiinxalanii qaacceessuun hiika itti kennanii akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin ijoo ijootti qoqqoodanii xiinxala gaggeessaniiru. Bu'uura kanaan qorannoon kun argannoowwan ijoo armaan gadii argamsiiseera.

### 4.2. Argannoo

Uummatni Oromoo bakka qorannoo kanaa durirraa kaasee fardaan gulufee lolee lolchiisee daangaa dachee isaa kabachiifataa akka ture ifeera. Bu'uuruma kanaan Oromoon dandeettii, ilaalchaafi oguma gugsii fardaarratti qabu olaanaa ta'uu hubatameera. Akka godina kanaatti Afoola, Duudhaa, Aartii sochii qaamaafi meeshaa faaya gugsii fardaan walqabatan hojjetaman hedduun akka jiran qorannoon kuni irra ga'eera. Akka qorannoo kanaatti aadaafi duudhaan gugsii fardaa: Ispoortii barsiisuuf, aadaa dabarsuu, miira ofii ibsuu, jabina qaama fiduu, kalaqa jajjabeessuu, tokkummaa cimmsuu, bashannansiisuu, miidhagina kennuufi guddina dinagdee keessatti faayidaa guddaa akka qabu hubatameera.

Yoomissi raawwii gugsii fardaa irra caalaatti birraa ji'a fulbaanaa booda, guyyaa kabaja ayyana masqalaa, xinqataafi raawwilee ayyaanotaa, sirna fuudhaaf heerumaa, yeroo sirna awwaalcha namoota bebbeekamoo, beellama dargaggootaa (afoosha fardeenii)

guyyaa addaan qabamee akka gaggeeffamu qorannoo kanaan xiinxalameera. Duudhaa yaabbii gugsii fardaa keessatti kan hirmaatan, kallattii gara garaan dargaggoota, ga’eessotafi maangoddoota akka ta’e hubatameera. Seera gugsii fardaa keessatti wal himannaafi haaloo qabannaan, Otoo hin jalqabiin ykn eerga dhaabatee walwaraanuun, Namni waraanuuf ari’u qophaayi osoo hinjedhin shimala darbachuun, Namni kufefi farda kufe waraanamu seera gugsii fardaa keessa akka hin jirrefi akkasumas safuufi duraa duuba qabaachuunsaa qorannoo kanaan adda baheera

**4.3. Yaada furmaataa**

Duudhaanfi aadaan Oromoon ganama oguma raawwii gugsii fardaarratti qabu keessaa akka godina Horroo Guduruutti bifa hanga ammaatti ibsamaa tureen xiinxalamaniiru. Firiin xiinala kanaa immoo hojii qorannoo itti aanuuf waan karaa saaqu qaba. Firii qorannoo kana irraa argame ka’umsa godhachuun maalummaafi barbaachisummaa taphota aadaa Oromoo gugsii fardaa keessaa jiran irratti qoratoonni yaboo kanaa gadii kaa’anii jiru.

Ilaalchi hawaasafi dargaggootaa Oromoo yeroo ammaa meeshaalee geejibaa ammayyaa cinaatti dabalataan raawwii ogumaafi dandeetti, aadaa gugsii fardaa ofii jabeeffachuufi hambaa taasisuurratti osoo xiyyeefatanii gaariidha. Argamni meeshaalee aadaa gugsii fardaa akka itti fufuuf dameen leenjii oguma meeshaa aadaa (kalaqa Oromoo durii) hammachuu danda’uu dhaabbata leenjiifi ogummaa keessatti osoo hundaa’ee baratamee bareedadha. Eenyummaa, duudhaa, aadaa, afaaniifi seenaa uummata Oromoo aadaa biroon akka isaa hinliqimfamneef dandeettii duudhaa gugsii fardaafi kunuunsi meeshaalee aadaa fardaa bifa barreefamaafi qabatamaan olkaahamuufi jiraachuun gaarii ta’a.

Duudhaa Gugsii fardaan cinatti ispoortii aadaa: kanneen akka tapha qillee, wal’aansoo, utaalchoo, darboo, xiyya darbachuu, bishaan daakaa barsiifamuufi jajjabeeffamuun madda tuurizimii osoo ta’ee guddina hawwas-dinagdee uummatichaaf bu’uura buusuu danda’a. dorgommiin duudhaa gugsii fardaa sadarkaa naannootti qofaa kan ilaalamu osoo hin taane akka guutuu biyyatti sosochiifi kaka’umsi karaa qaama dhimmi ilaallatuu keessumaayyuu WAT sadarkaa adda addaan jiran, dhaabbilee qorannoo seenaa, aadaa Oromoo qoratanifi waajjiraalee dargaggoofi ispoortii gumaachi barbaachisaan taasifamee gaaridha.

**Galata**

Adeemsa qorannoo kana geggeessuu keessatti deeggersa maallaqaafi yaadaa kan nuuf taasise Yuunivarsiitii Wallaggaa guddaa galateeffanna.

Dabalataan ragaa qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabuun akka danda'amutti kan haala mijeessan waajira AT/G/H/G Wallaggaafi hirmaattota gugsii fardaa akkasumas ragaa himtoota jaallattoota gugsii fardaa kan ta'an maanguddota bakka qorannichaaf galata guddaa qabna.

**Wabiilee**


Alemu Alene Kebede (2023*) A short history of Awi Agew horse culture, Northwestern Ethiopia*, Cogent Arts & Humanities, 10:1, 2231705, DOI: 10.1080/23311983.2023.2231705

Amine Mustefa, Aweke Engdawork, Seble Sinke (2024). *Assessment of horse breeding and husbandry practices in southwest Ethiopia*: Its implication to design breeding program. Ethiopian Biodiversity Institute, Addis Ababa, Ethiopia

Bascom, W.R. (1965). *Four Functions of Folklore,* in Dundes, A. (1965). *The Study of Folklor*e, Burkelay: Printice-hall.

Beaton, S. (2011), *"Horse back tourism in Victoria, Australia*: Cooperative, proactive crisis management", in Current Issues in Tourism

Bimrew Asmare1* and Zemenu Yayeh (2017). Assessment on the management of draft horses in selected areas of Awi Zone, Ethiopia

Cathy M, Donald1 and Michelle R. Zitomer2, (2020). Experiences of therapeutic horseback riders in their youth: A self-determination perspective received: 27th August 2020; Accepted: 18th December 2020; Published: 7th March 2021

Cohen, L. (2005). *Research method in education*, (5th ed.). Newyork: Rout ledge.

Creswell, J. D. (2018). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approach.* Los Angeles, CA: Sage publications

Dereje Haile (2022). *The Role of Oromo Cavalry Horses in the Making of Modern Ethiopian Empire:* A Historical Review (ca.1870s-1900). Volume 04 Issue 02 ISSN (Online) 2708-2830 ISSN (print) 2707 – 7640

Dirribii Damuse, (2009*). Ilaalcha Oromoo.* Finfinnee: D.G. Printing and publishing Enterprise.

Dorson, R. (1972). *Folklore and foklife: an introduction*. Chicago: The University of Chicago.

Elliott, S., Funderburk, J. A., & Holland, J. M. (2008). The impact of the "Stirrup Some Fun" The rapeutic horse back riding program: A qualitative investigation. *American Journal of Recreation Therapy*, *7*, 19-28.

Kothari, C.R. (1990) *Research Methodology: methods and Techniques* (2 nd) Newdelhi. New Delhi publishers. Subi printing press.

Leellisaa Aadaa Bantii (2013). *Kudhaama Seenaa. Seenaa, Eenyummaa, Aadaa, Amantiifi Duudhaa Oromoo*. ELLENI P.PLC.

Mari Z, B. (2019). Interaction Between Rider, *Horse and Equestrian Trainer – a challenging puzzle* Centre français des études éthiopiennes, https://doi.org/10.4000/books.cfee.1202.

Maria. (2004). *Horse words*: The Enquine Dictionary (2nd Ed.) North Pomfret, VT: Trafalgar Square Publishing

Pankhrust, R. (1989). *The Early History of Ethiopian Horse*-Names. Paideuma Bd, 35, 197–206. *http:// www.jstor.org/stable/40733033*

Ranjit, K. (2011). *Research methodology. A step-by-step guide for beginners*. Great Britain: SAGE Publications Ltd.

Snakew M, Feyisa B, and Moges M (2023). *Prevalence of equine strongyles in horses and donkeys* in and around bishoftu, Oromia, Ethiopia

Stranger, Yves-Marie (2016). "The Road to Wello: *A Historical Study of the Nineteenth Century Horse Markets in Northern Shewa".* Movements in Ethiopia, Ethiopia in Movement. Volume 1, edited by Éloi Ficquet et al.,

Victor, D. (2009). *Research design and methods for studying cultures.* New York: Altamaria press.

Xannaa Alamaayyoo. (2013). "*The documentation of historical and cultural significancy of horse racing „gugsii in kutae society."* (MA Thesis) in AAU

Zetterqvist B.M. (2018). The Praxis of Horse Riding. An Auto ethnographic study. *A Journal of Human/Animal Interface Studies*,9(2). *https://www.depauw.edu/humanimalia/issue%2018/pdfs/blokhuis-pdf.pdf*